# Ergaa Pheexroos Erge Ta Lammeesso'oo

## Seensa

Ergaan Pheexroosii ta lammeesso'oo, kiristaanota durii ka lafa adda addaa jiranuuf barreeffante. Yaadi guddaan ergaa tanaa, hujii badduu barsiisota dharaatii fi jiruu baalagumma'aa ta barsiisa isaanii irraa dhuttu mormiisa. Rakkoo kaate tanaaf wonni fala te'u, karaa barumsa worri Yesuus ila ifiitiin dhaggee fi inni barsiisuun gurra ifiitiin dhage'e dabarseetiin, marroo Waaqaatii fi Goottaa Yesuus Kiristoosii beekkumsa qabatamaa te'e dhaggatiisa. Barreessaan kitaaba kanaa, keessumattuu barsiisa dharaa worra Kiristoos deebi'ee hin dhufu jedhuu irratti xiyyeeffateera. Inni waan kana ilaalchisee yennaa dubbatu, «Deebiin Kiristoosii wonni turtuuf, waan Waaqi nami duudiin cubbuu irraa akka deebi'u malee, nami tokkolle akka badu hin barbaanneef» jedha.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Seensa *1:1-2*
Waamamiisa Kiristaanaa *1:3-21*
Barsiisota dharaa *2:1-22*
Deebi'ee dhufiisa Kiristoosii *3:1-18*

1 Ana Simoon Pheexroosii, tajaajila'aa fi ergamaa Yesuus Kiristoosii te'e irraa:

Worra karaa balchummaa Waaqa keennaatii fi fayyisaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin, dhugeeffannaa gatii guddo'oo, tama akka nuuti dhaggannee dhaggattaneef:

2 Waaqaa fi Goottaa Keenna Yesuus Kiristoos
beekiisaan, badhaadhaa fi nageenni isiniif
fakkanu.

### *Waamichaa Fi Filiisa Waaqaa*

3 Waaqa ulfinnaa fi dansummaa ifiitiin
nu waame beekiisaan, hunni Waaqummaa
isaa, waan jiruu teennaa fi ayyaantummaa
dhuga'aatiif* nuu barbaachisu duudii
kenniteerti.
4 Ulfinnaa fi dansummaa isaatiin, waadaa isaa
ka akka malee gudda'aatii fi ka gatii gudda'aa
dhagganneerra; karaa waan kanaatiin, sababa
halchaa baddu'uutiin ta kaate, badii biyya lafaa
keessa jirtu jalaa baatanee, amala Waaqumma'aa
worra qoodamu teetaneertan.
5 Sababa kanaaf, dhugeeffannaa irratti dan-
summaan akka dabalantu, dansummaa irratti
beekkumsa,
6 beekkumsa irratti ifi qabatiisa, ifi qabatiisa
irratti ciniinnatanee ossiisa, ciniinnatanee ossiisa
irratti nama Waaqaa te'iisa,
7 nama Waaqaa te'iisa irratti, akka ob-
boleeyyanii woliif yaadiisa, akka obboleeyyanii
woliif yaadiisa irratti jaalala nama maraa
qabaadha'a.
8 Wonni kun isin keessa jiraattee heddataa yoo
deente, Goottaa keenna Yesuus Kiristoos beeki-
isaan, akka isin worra woy hin baanee fi midhaan
hin buunne akka hin teene isin hin eega.

---

* **1:3** *Ayyaantumaa dhuga'aatiif:* Nama Waaqaa akka teenu

9 Nami waan kana hin qanne ammoo, nama
fagoo hin dhagginee fi balla'a; inni cubbuu durii
irraa qulloomuu ifii dedheera.
10 Tanaaf obboleeyyan tiyya! Waamamiisaa fi
filamiisa keessan mirkaneessiisaaf, worra caal-
chittanee dharraatanu te'a'a; tana yoo gootane
dhugeeffannaa teessan irraa ijjumaa hin jiddanu.
11 Akka kanaan, gara mootummaa Goottaa
keennaatii fi fayyisaa keenna Yesuus Kiristoosii,
ta bara baraatitti akka galtanu middi guutuun
isiniif hin kennama.
12 Maarre isin amma waan kana beettanee,
dhugaa qabattaneen jabaattanee jiraattanulle,
ani yennaa maraa waan kana isin yaadachisiisa
hin lakkisu.
13 Ani haga jiruu keessummumma'aa tanaan
jiru, yaada keessan dammassuun kiyya sirrii te'ee
natti mudhata.
14 Sababille Goottaan keenna Yesuus Kiristoos
akka natti mudhisetti jiruu lafa tanaa dafee
lakkisee akka deemu hin beeka.
15 Ani deemeen duubale'etti, waan kana duudii
akka isin yennaa mara qaabattanu godhu'uuf hin
jabaadha.

*Dhugaa Baatota Ulfinna Kiristoosii Ila Ifiitiin Dhaggite*

16 Nuuti hunnaa fi deebi'ee dhufiisa Goottaa
keenna Yesuus Kiristoosii yennaa isinitti
beessinne, guddinna isaa iluma teennaan
dhaggineeti malee, mammaassa beekkumsa
namaatiin dadame irratti hundoonneetii moti.
17 Inni qoonqoon, «Kun Ilma kiyya ka ani
jaaladhu, ani isatti guddoo gammadeera» jettu

ulfinna gudda'aan yennaa dhutte, Waaqa Abbaa irraa guddinnaa fi ulfinna fudhateera.

18 Yennaa isa woliin gaara woyyicha gubbaa jirru, nuutinuu qoonqoon tun ol-gubbaa irraa dhuttuun dhageenneerra.

19 Maarre dubbiin raagoti dubbatane irra caalaa nuu mirkanootteerti. Isin haga boruun dayya'ee bakkalchi ganamaa gadhaa keessan keessatti bawutti, dubbii tana akka ifa addee dukkanaatitti ifuuf xiyyeeffannaa kennitanu, dubbii raagoti dubbatte tanaaf yoo xiyyeeffannaa kennitane dansaa gootan.

20 Waan duudi'iin dura, dubbii raagaa ta Bar-reeffama Woyyicha keessa jirtu, eennulle yaada ifiitiin hiikiisaaf akka hin dandeenne hubatuu qaddan.

21 Sababille dubbiin raagaa worra Ayyaana Woyyichaan sooreffameen Waaqa irraa dhutte malee, ijjumaa fedha namaatiin hin dhunne.

# 2

*Barsiisota Dharaa*

1 Akkuma tanaan qara raagoti dharaa kolbaa oddu'utti ka'ane, barsiisoti dharaa isin oddu'utti hin ka'an. Isaan akka barsiisi dharaa ka badii fidu dhokaataan babadhatu godhan; Goottaa isaan wodelle mormatanee, badii ariifattuu ifi irratti fidan.

2 Namooti hedduun karaa isaanii fokkisiisaa hordofan; waan isaan godhanuun ta kaate karaan dhuga'aa hin arraffama.

---

**1:18** Mat. 17:1-5; Mar. 9:2-7; Luq. 9:28-35

3 Barsiisoti dharaa tun joljolummaa ifiitiin
mammaassa ifuma keessaa fuudhaa dubbataa
isin irraa nyaatan. Muraan bara duriitiin
jalqaddee isaanii qophootteerti. Badiin isaaniille
rattee hin jirtu!

4 Waaqi yennaa ergantooti isaatuu cubbuu
hujane, isaan gad darbatee, boolla qilee
dukkanaa keessatti wodaroo sibiilaatiin
hidhamanee, guyyaa mura'aatiif akka eegamanu
godhe malee, isaan hin mararre.
5 Akkasuma, Inni biyya lafaa ta durii, ta
namoota Waaqa malee le'anuu irratti bisaan
badi'ii fidee, Nohii waan balchumma'aa lallabe
qofa, namoota dhibii torba woliin hambure
malee, isii hin mararre.
6 Waaqi waan worra Waaqa malee le'u irratti
dhufuuf akka fakkeenna te'uuf, qachoota
Sodoomiitii fi Gomora'aatitti muree ibiddaan
balleessee daadhaa godhe.
7 Inni Looxii balchicha, hujii fokkisiittu worra
seera malee le'uutiin farraa le'u ammoo hambu-
reera.
8 Namichi balchaan sun yennaa odduu isaanii
le'u hujii isaanii ta seera male'ee, ta dhagguu fi
dhage'uun guyyuma guyya'aan lubbuun isaa bal-
chittiin farraa turte.
9 Maarre Goottaan, namoota Waaqaa haga
ilaalcha jalaa attam akka baasu, worra jalloota
ammoo haga guyyaa mura'aatitti attam akka ad-
abama jala tursu hin beeka;
10 keessumattuu worra halchaa badduu fedha
foon ifii hordofuu fi worra baallii Waaqaa jibbu
guyyaa mura'aatiif eega.
Barsiisoti dharaa tun worra sodaan keessa

hin jirree fi koorameeyyii waan te'aneef, dada ulfinnaa ta ol-gubba'aa hin arrassan malee hin ulfeessanu.
11 Ergantooti Waaqaa, barsiisota dharaa tana caalaa hunnaa fi baallii qabaatanulle, Goottaa duratti dubbii arrabaatiin isaan hin himatanu.
12 Barsiisoti dharaa tun ammoo waan ifiif hubatuu dadhabane arrassan; isaan akka bineensa duudditii le'uutii fi yaadee wo gargar hin baannee, ka qabamu'uu fi ijjeefamu'uuf dhalatee ti; akkuma bineensi sun badu, isaaniille ijjumaa hin badan.
13 Isaan hantuu tolchaneef hantuu dhaggatan. Isaan ila guyya'aatiin halchaa nafa ifii guutatiisaaf waanuma fedhane godhaa gammadan; yennaa nyaataaf isin woliin waamamane, isaan worra hujii isaanii maltitti'iin fokkisiisuu fi qaanessu.
14 Iltii isaanii yennaa duudii halcha'aan gara gaarayyeeffataa ilaalti; halchaan isaaniille cubbuu hujiisa irraa dheebuu hin baatu. Namoota dadhaboolee wollaalchisanee tiyyoo ifiititti galfatan. Qalbiin isaanii joljoliisa baratteerti. Isaan abaarsa Waaqaa jala jiran!
15 Isaan karaa qajeelaa dhiisanee, karaa Bala'aamii ilma Be'orii ka waan hantuu hujiisaan beesee dhaggantu jaalatuu faana goranee dokonkoraneeran.
16 Inni ammoo yakkaa ifiitiif xixame. Harreen dubbatuu hin dandeenne qoonqoo namaatiin dubbattee maraattummaa raagichaa dhooggiteerti.
17 Worri akkanaa kun akka bisaan madda gogeetii fi duumensa bubbe'een oofamuu ti;

dukkanti dimmille isaan eegatti.
18 Isaan ifi saadaa dubbii gara hin qannelle dub-
batiisaaf, halchaa badduu fedha fooniitiin, worra
dokonkora keessa le'anu keessaa reefuu baqata-
nee dhufane sossobaa tiyyoo ifii keessatti galchan.
19 Adoo ifiifuu garbummaa badi'ii jala jiranuu,
worra kaaniin ammoo bilisa baatan jedhaa, addii
kennaniif; sababille nami tokko waan isaaf goot-
tome maraaf garba.
20 Goottaa keennaa fi fayyisaa keenna Yesuus
Kiristoos beekiisaan, battummaa biyya lafaa jalaa
bayaneen duuba, deebi'anee itti qabamanee yoo
mowamane, akki isaan itti le'anu ka duubaa ka
duraa caalaa itti hammaata.
21 Karaa balchumma'aa beekaneen duuba, ajaja
woyyicha isaaniif kenname beekanee, addee ir-
raa deebi'anu adoo duruu beekuu dhabanee
woyya.
22 Mammaassi dhugichi, «Sareen diddiga ifiitit-
tuu deebiti» jedhu, akkasuma «Booyyeen dhiqatte
dhoqqee keessatti gangalatiisaaf deebiti» jedhu
isaan irratti te'eera.

# 3

### *Waadaa Dhufiisa Gootta'aa*

1 Jaalota tiyya! Ergaan ani amma isiniif
barreessiisatti jiru tun, ta lammeesso'oo ti.
Waan kana qaabatiisaan yaada qajeelaa akka
qabaattanuuf, isin kakkaasiisaaf jedhee, ergaa
lamaanuu isiniif barreesse.

2 Kanaan dura jechoota raagoti dubbatanee fi
ajaja Gootta'aa fi Fayyisaa keennaa, ka karaa er-
gantoota isin tajaajiltuutiin kenname akka qaa-
battanu barbaada.
3 Waan duudi'iin qara, guyyoota
muumme'eetitti worri shasheessuu fi worri
halchaa badduu ifii hordofu shasheessaa akka
dhufu hubatuu qaddan.
4 Isaan, «Yesuus deebi'ee akka dhufu waadaa
galeeraa motii? Inni meet ree? Haguma abbootiin
teenna ta durii duuteenuu jalqabee, wonni du-
udiin jalqaba dadaatiin jalqaddee akkuma jirtu
jirti!» jedhan.
5 Isaan akka bara heddu'uun duratti, ol-
gubbaan jecha Waaqaatiin dadantee fi akka latti
bisaan irraa fi bisaaniin hujante adoo beekanu
akka hin beennee te'an.
6 Biyyi lafaa ta yennaa san jirtulle, bisaaniin
liqinfantee badde.
7 Ol-gubba'aa fi latti amma jirtu tun ammoo,
akka ibiddaan badanuuf, haga guyyaan
mura'aatii fi badiin worra Waaqa malee le'uu
geettutti, jechuma kanaan eegaman.

8 Jaalota tiyya, waan tokko hin dedhina'a! Goot-
taa biratti guyyaan tokko akka woggaa kumaa ti;
woggaan kum akka guyyaa tokkoo ti.
9 Akka namooti gariin tura seyanutti Goot-
taan waan waadaa gale muummessiisaaf hin
turu. Ammoo nami duudiin cubbuu irraa akka
deebi'uuf malee, nami tokkolle akka badu waan
hin barbaanneef, isiniif ossa.

10 Guyyaan Gootta'aa ammoo akka hattu'uu
dedha dhufa; guyyaa san ol-gubbaan qoonqoo

guddo'oon dhidhinti; dadi ol-gubba'aalle ibid-
daan gubattee baddi; latti waan isii irra jiru du-
udii woliin hin baddi.
11 Wonni kun duudiin akka kanaan ta baddu
yoo teete, isin attam le'iisaaf maltane ree? Isin
woyyumma'aa fi Waaqaaf ifi kenniisaan le'iisa
qaddan.
12 Yoona worra guyyaa dhufa Waaqaa
dharra'aan eegattanuu fi worra akka inni
ariifatee dhufu hujanu te'a'a. Gaafa ol-gubbaan
ibiddaan gubattee baddu, dadi marti o'aan hin
baxxi.
13 Nuuti ammoo akkuma inni waadaa
nu'uuf galetti, ol-gubbaa haareya, addee hujiin
balchumma'aa itti hundeefantu san hin eeganna.
14 Tanaaf jaalota tiyya! Waan kana adoo eegat-
tanuu, fuula Waaqaa duratti worra xuri'ii fi komii
hin qanne teetanee jirtanuun, akka nageyaan isin
dhaggu jabaadha'aa le'a'a.
15 Ossiis Goottaa keennaalle akka isin fayyi-
tanuuf akka te'e beeka'a! Akkasuma obboleessi
keenna jaalatamaan Phawuloosille qaruu Waaqi
isaaf kenneen tanuma isiniif barreesse.
16 Inni ergaa ifii duudii keessatti marroo dub-
bii tanaa akkuma kana barreesseera. Ergaa
isaa keessatti wonni tokko tokko ka hubatiisaaf
nama dhibu jira. Worri wollaala'aa fi afaan lama
dubbatu akkuma Barreeffama Woyyicha dhibii
dassee hiiku, waan kanalle daddassa. Maarre
isaan badii ifi irratti fidan.
17 Isin ammoo, jaalota tiyya! Waan kana waan
duruu beettanuuf dokonkora worra jalliye'eetiin
harkifantanee ijjanoo teessan jadduu irraa akka
hin banne, ifi eegadha'a.

18 Ammoo badhaadhaa fi beekkuma Gootta'aa
fi Fayyisaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin ittuma
guddadha'a. Ammaa fi haga bara baraa ulfinni
isaaf te'u! Ameen.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e